# Qajeelfama Ramaddii Barsiisota Haaraa Fooyya'ee Qophaa'e

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

Caamsaa, Bara 2010

Finfiinnee

**Qajeelfama Ramaddii Barsiisota Kolleejjii Barnoota Barsiisootaa fi Yuunivarsitii Adda addaa irraa Eebbifaman bara 2010**

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waligalaa**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun "**Qajeelfama Ramaddii Barsiisota Kolleejjii Barnoota Barsiisootaa fi Yuunivarsitii Addaaddaa irraa Eebbifaman, bara 2010"** jedhamee waamamuu ni danda'a

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiikaa biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti:

1. **"Barsiisota Kolleejji Barnoota Barsiisoota eebbifamanii ba'an"** jechuun barsiisaa kolleejjoota keessatti leenjii idileen wagga sadii yookiin barnoota idileen duraan wagga tokko kennameef xumuree ramaddiif qophaa'e jechuudha
2. **"Barsiisoota yuunivaarsitii irraa Eebbiffamani Ba'an"** jechuun barsiisota barnoota saayinsii appilaayidiin digirii tokkoffaan eebbifamanii leenjii ogummaa barsiisummaa (PGDT) akkasumas ogummaa barsiisummaan digirii jalqabaan kan xumuran jechuudha.
3. **"Kilastera"** jechuun qoodinsa Godinaalee B/Magaalotaa akkaataa walitti dhiheenya isaaniin hordoffiif deggersa hojiif idoo tokkotti gurmaa'an jechuudha.
4. **"Gaa'ela"** jechuun kaadhimamtoota barsiistotaa yokaan barsiistota ragaa fuudhaa fi heerumaa seera qabeessa ta'e walirraa qaban jechuudha
5. **"Magaala**" jechuun Magaalota riiformiin hammatamanii itti waamamni isaanii naannoof ta'e jechuudha
6. **"Koree Jijjiiraafi Ramaddii"** jechuun koree Aanaa, Magaalaa, Godinaafi Naannoo Oromiyaa keessatti jijjiiraa fi ramaddi raawwachuuf qajeelfamaan kennameef jechuudha
7. **"Bakka Tokkotti Ramadamu"** jechuun Godina tokko, Aanaa tokko, mana barumsaa tokkotti ramadamuu jechuudha.
8. **"Qaamaa miidhamaa"** jechuun barsiisaa ijaan arguu hindandeenye yookiin miidhaa cima harkaa yookiin miilaa qabu ta'ee gurraan dhagahuu fi dubachuu kan danda'uu fi dhaabbatee hojii baruu barsiisuu kan gaggeessuu danda'u jechuudha.

### 3. Daangaan Raawwii Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun Barsiistota Kolleejjoota Barnoota Barsiisootaa irraa yookiin Yuunivarsiitii adda addaa irraa eebbifamanii naannoo keenyatti ramadaman ilaala.

1. Barsiistota Kolleejji Barnoota Barsiisoota Sabbataa irraa eebbifaman akka naannootti carraa ramaddii kan kaasan ta’u;
2. Ogeeyyiin Laboratoorii Teekinishanii Koollejjii Asallaa irraa eebbifaman akka naannootti carraa ramaddii kan kaasan ta’u;
3. Barsiisonni Kolleejji Barnoota Barsiisoota keessatti leenji’aa jiran ramaddiin isaanii akkaataa baasiif hinsaaxilamneen haala qabatamaa jirurratti hundaa’uun raawwatama ,
4. Magaalota itti waamamni isaanii Naannoof ta’etti ramaddiin barsiistota haaraa hingaggeeffamu;
5. Ebbifamtoota kolleejjiiwwan adda addaa irraa eebbiffamanii Godinaalee human nama bal’inaan barbaadan kanneen akka Haraargee Bahaa, Boorana, Baalee, Guji, Guji Lixaafi Haraargee Lixaatti fedhiin deemuu barbaadaniif dursi nikennama;
6. Barsiisonni kolleejjii keessatti ragaa gaa’elaa waliin qaban qulqullummaan ragaa isaanii sirriitti koollejjiin sakatta’amee bakka baajetni lamaan isaaniif jirutti bakka tokkotti ramadamu.
7. Barsiisonni Yuunivarsiitii adda addaa irraa bahanii carraan gara naannoo keenyaatti ramadaman iddoo baajennifi hojiin jirutti carraadhaan kan ramadaman ta’u.
8. Haala mijeessitoonni guyyaa barnoota sadarkaa dippiloomaatti foyyeeffatanii eegalee dhaabbii ta’uun akkaataa tajaajia isaaniin walgitutti Godinuma sana keessatti ramaddiin nikennamaaf
9. Godinaaleen /Aanaaleen baajata ramaddii barsiisoota haaraaf %50 jijjiirradhaaf immoo %50 qabachuun durasani fedhii BBO beeksiisuu qabu.
10. Godinaaleen /Aanaaleen haala gaaffii isaanitiin humna nama ramadameef simatanii hojji keessa galchuun dirqama ta’a.
11. Barsiisaan qaamaa midhamaa ta’ee bakka isaaf mijatuu akka filatu dursii nikennamaaf.
12. Barsiisoonni qaamaan miidhamtoota ta’an gosa barnoota isaanitiin baajenni kan hinjiree yoo ta’ee bakka biroo akka filatan ni taasifama.
13. Barsiisoonni qaamaan miidhamtoota ta’an yoo baay’atan haala miidhama qamaa isaaniin ramaddiin nikennamaaf;

14. Barsiistonni gaa’ela hojjetaa mootummaa sektera biroo waliin qabu/du akkaataa taajilaafi sadarkaa iddoo sanarratti hundaa’ee bakka sanatti yokaan dhiheenyatti akka ramadamu/tu ta’a;
15. Barsiisaan/tuun gaa’ela barsiisaa/ttuu buleeyyii waliin qabu/du raga gaa’elaa waggaa lamaafi ol kan dhiheefatu/ttu yoo ta’e bakka abban manaa yokaan haati manaa jirutti/jirtutti yokaan dhiheenyatti akka ramadamu/tu ta’a.

**Kutaa Lama**

**16. Haala Hundeeffama Koree Ramaddii Barsiisotaa Sadarka Koollejjii**

a. I/A/Diinii walitti qabaa;
b. I/G Muummee KBB Keessaa nama lama ta’ee tokko barreessaa;
c. Waldaa barsiisota bu’uuraa KBB nama tokko miseensa;
d. Daayirektoreetii Misooma barsiistotaafi Hoggansa Barnootaa irraa kan bakka bu’e nama tokko miseensa;

**17. Gahee Hojii Koree  Ramaddii**

a. Qajeelfama bu’uurreeffachuun ramaddii barsiistotaa akka mijatuuf bakka ramaddii adda baasu;
b. Fedhii Godinaalee Biiroo Barnootaa Oromiyaan qindaa’ee koollejjootaaf ergaman irratti hundaa’uun Godinaaleef ramaddii gaggeessa;
c. Barsiistonni gaa’ela waliin qaban ragaa isaaniitiin adda baafachuun  Godina tokkotti akka ramadaman taasisa;
d. Barsiistota gaa’ela iddoo biraatii qaban haala qajeelfama armaan olitti ibsameen ramaddii  gaggeessa;
e. Kanneen jijjiirraa waliinii gosa barnoota walfakkaatuun barbaadan yoo jiratan osoo hindaangessiin  wal jijjiraa taasisaaf;.

**18. Koree Ranmaddii Sadarkaa Godinaa**

a. A/Adeemsa Misooma Bariisota yokaan bakka bu’aa -  W/Qaba;
b. Ogeessa Misooma  Barsiisootafi Hoggantoota Manneen Barnootaa nama lama tokko barreessa;
c. Waldaa barsiisoota Godinaa  nama lama  dhiira tokkoofi dubartii tokko  miseensa ta’u;

**19. Gahee Hojii Koree Ramaddii Sadarkaa Godinaa**

a. Aanaalee hanqina barsiistotaa qaban gosa barnootaatiin adda baasuu;
b. Barsiistotaa gosa barnootaa garaa garaatiin Yunivarsiitiifi KBB irraa eebbifaman akkaata fedhii aanaaleetiin carraa baasisuun ramaduu;
c. Kanneen gaa'ela waliinii qaban ragaa isaaniitiin adda baafachuun bakka tokkotti akka ramadaman taasisuu;
d. Kanneen jijjirraa waliin waliinii gosa barnoota walfakkaatuun barbaadan yoo jiratan adda baasuun akka wal jijjiran nitaasisa.

**20. Koree Ramaddii Sadarkaa Aanaa**

a. I/A Waajjira Barnoota W/Qaba;
b. Ogeessa misooma Barsiisootafi Hoggansa Manneen Barnootaa nama lama tokko Barreessa;
c. Walda barsiisoota Aanaa Dhiira tokko fi dubara tokko miseensa ta'u.

**21. Gahee Hojii Koree Ramaddii Sadarakaa Aanaa**

a. Fedhii manneen Barnootaafi hanqina barsiistotaa gosa barnoota fi sadarka barnootattiin adda baasauun qindeessuu;
b. Barsiistotaa gosa barnootaa garaa garaatiin Yunivarsiitiifi KBB irraa eebbifamanii ramadamaniif akkaata fedhii mana barumsaatiin carraa baasisuun ramaduu;
c. Barsiistota gaa'ela waliinii qaban ragaa isaaniitiin adda baafachuun bakka tokkotti akka ramadaman taasisuu;
d. Barsiistota gosa barnootaa walfakkaatuun fedhii jijjirraa waliinii barbaadan yoo jiratan adda baasuun akka wal jijjiran nitaasisa.

## Kutaa Sadii

## 5. Tumaalee Adda Addaa

5.1. Barsiistota qorumsa gahumsa ogummaan qabxii darbiinsaa hinarganne ragaan isaanii adda bahee BBO hanga Aanaatti akka beekamu taasifama.

5.2. Barsiisonni leenjii ogummaa barsiisummaa (PGDT) hinfudhatiin ramaddii hinargatan;

5.3. Barsiisaa badii namusaatiin itti murtaa'ee qaama dhimmi ilaaluun akka hin ramadamne dhoorkame hanga yeroo murtii isaa xumurutti ramaddiin hinkennamuuf

5.4. Barsiisaan sababa dhukkubaatiin hojii barsiisummaa irratti akka hinramadamne doktora fayyaatiin mirkanaa'e ramaddiin hinkennamuuf;

**Kutaa Afur**

**6. Sirna Itti Gaafatamummaa**

6.1. Qaamni qajeelfama kanaan alatti ramaddii barsiistotaa gaggeesse akkaa seera Labsii 104/97 keewwata 87/3tiin seeraaf dhiyaatee kan adabamuu ta'a.

6.2. Barsiisaan ragaa soba dhiyeessuun qaamaa ramaddii gaggeessuu dogoggorsee akkaata seera yakka 66/94 himatamee adabamee ramaddiin isaa nihaqama

6.3. Barsiisaan tokko ramaddiin kennameefiii hojiitti yoo hingalle ramaddiin irra deebi'ee kennamuuf hinjiraatu, Baasii itti ba'eefis akka itti gaafatamu nitaasifama.

**Kutaa Shan**

**1. Haala komiin Itti Dhiyaatu**

Akkaataa danbii lakk.36/96 keeyyata 30 fi 31 jalatti barreeffameen hojjataan tokko dhimma hojiin walqabatee komii qabu kamiyyuu itti gaafatama Wajjira barnoota Magaalaa yokaan Aanaatti iyyata dhiyeeffachuun furmaatni akka kennamuuf gaafachuu nidanda'a. Barsiisichii furmaata yoo dhabee yookiin furmaani kennameef quubsa/gaha ta'uu yoo baate koree komii qulqulleessuu mana hojichaatti dhiyeeffachuu ni danda'a. Korichi akkaata danbii Lakk.36/96 keeyyata 32 irratti ibsameen raawwata.

**2. Mirga Komiifi Ol'iyyannoon Itti Dhiyeeffatuufi Murteen Itti Kennamuu Qabu**

a) Raawwii ramaddii sadarkaa Koolleejii Barnoota Barsiisootaatti k/barsiisaan komii qabu yoo jiraate komii isaa guyyoota sadii keessatti Diinii Koolleejiichaatiif barreeffamaan dhiheeffachuu qaba.

b) Raawwii ramaddii sadarkaa Aanaatti barsiisaan komii qabu yoo jiraate komii isaa guyyoota 5(shan) keessatti Itti gaafatamaa mana hojii sadarkaa ittaanee jirutti barreeffamaan dhiheeffachuu qaba;

c) Qaamni komii sadarkaa Godinaatti dhageeffatu koree jijjiirraa fi ramaddii barsiistotaan ilaalamee yaada murtee kan argatuufi murteen kun Ittigaafatama Waajjiraatiin yoo mirkanaa'e murteen kenname abbaa dhimmaaf guyyoota 5(shan) hincaalle keessatti teessoo isaatiin deebiin kennamuufii qaba.

**3.Haala Komii Ramaddii Irratti Murtoon Xumuraa itti Kennamu**

e. Komiin ramaddii sadarkaa KBBfi Godinaaleetti gaggeeffamu sadarkaa BBOtti furmaanni xumuraa kennamaaf
f. Komiin ramaddii sadarkaa Aanaa irratti dhiyaatu sadarkaa godinaatti furmaata xumuraa argata.

**Kutaa Ja'a**

1. **Waa'ee Qajeelfamicha Fooyyessuu**

Biiroon Barnoota Oromiyaafi Waldaan Barsiisoota Naannoo Oromiyaa waliin ta'uun rakkoowwanfi qaawwa hojii irratti mul'atan hiikuudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame qajeelfama kana fooyyessuun nidanda'a.

2. **Yeroo Raawwii Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni kun caamsaa ______________ bara 2010 irraa eegalee hojiirra oola